# سُورَةُ التَّكَاثُرِ
# Suuraa Takaathur

قبل كل شئ هذه هي سورة التكاثر
*Dura dursoo suuran tun {suuratuttak-aathur} je'amti

وهى سورة مكية
*Isiin suura makkaati

وآياتها ثمانية
*Aayaanni isi'ii saddeeti{8}

وعددها مائة واثنان
*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii lama

نزلت بعد سورة الكوثر
*Isiin,eega suuraa {kawtharii buute}

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ
*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

أَلْهَاكُمُ التَّكَاثُرُ ﴿١﴾
1}*heddomminaan walitti dhaaddat uun isin dagee jira dhiira hedduu qabaatu`uun addu-nyaa tanarratti walitti dhaaddatuun isin taphsiiftee waan aakhira'aa dalagu'u-rraa isin dagee jira dhiira hedduu qabaatu'uun addunyaa tanarratti walitti dha-addatuun isin taphsiiftee ,waan aakhira`aa dalagu`urraa isin daydee, hamm-eenya, yookaa qixaaxa addunya`aan dhaaddatuun qabu, beekhuu dhabdan.

حَتَّىٰ زُرْتُمُ الْمَقَابِرَ ﴿٢﴾
2}*hanga duutanii qabri`itti awwaal amtanii qixaaxa san beytanitti takkaa hanga waan qabdaniin walitti dhaaddatuu keessa, qabroota dhayxanii, warra qabrii jiruun walitti dhaaddattanitti, nama akka abaluu kanaa qabdanii, kan akka abaluu kanaa qabdanii waliin jettanitti.

كَلَّا
*Haala kana lakkisaa irraa deebi`aa,

سَوْفَ تَعْلَمُونَ ﴿٣﴾
3}*Ammoo yoo deebi'uu diddanii addunyaan isin daydee aakhiraa isin irraanfachiifte badii addunya`aan walitti dhaaddatuun qabdu , hoggaa du`aa kaatanii ruuhin, yookaa lubbuun, isin keessa bayu`utti jirtu, argu`uuf jiraattan.

ثُمَّ كَلَّا سَوْفَ تَعْلَمُونَ ﴿٤﴾
4}*Ammallee isiniifan itti deebi`aa dalagaa addunya`aan dhaaddattu'uu tana dhiisaa yoo dhiisuu baattan ,qixaaxa dalagaan teessan qabdu, hoggaa qabrii seentan bee-khu'uuf teessan.

كَلَّا لَوْ تَعْلَمُونَ عِلْمَ الْيَقِينِ ﴿٥﴾
5}*Lakkisaa dalagaa hamtuu tana dhiisaa odoo hammeenya, addunya'aan walitti dha-addatuun qabdu dhuga`aan beytanii,silaa dalaguu dhiisii, ittin, dhiyaattan , am-

moo yoo diddanii dalaydan isiniifan khakhadhaa.

لَتَرَوُنَّ ٱلۡجَحِيمَ ٦

**6}***Guyyaa qiyaama`aa,ibidda isin gubu`uu deemu, ija teessaniin argu'uun jiraa

ثُمَّ لَتَرَوُنَّهَا عَيۡنَ ٱلۡيَقِينِ ٧

**7}***Duuba eegasii,matuma jahannam yoo-kaa ibidda azaaba san itti gubattanii dhan-dhamtanii, laalaa isaa agartan.

ثُمَّ لَتُسۡـَٔلُنَّ يَوۡمَئِذٍ

*Guyyaa qiyaama`aa bakka Rabbiin ,dal-agaa addunya'arratti dalaganirraa itti nama gaafatuti gaafii jabduu gaafatamtan

عَنِ ٱلنَّعِيمِ ٨

**8}***Ni`maa Rabbiin isinii kenne hun darraa waan nyaattanii , dhuydanirraa horii keess-anirraa maalitti baaftan je'ee ,umrii teessa maalitti fixxan je`ee ,ija isinii kenn-erraa maalin laaltan je`ee,gurra isinii kennerraa maalin dhaggeefattan je`ee ,onne`en isinii kenne maalin yaaddan je`ee, arraban isinii kenne maalin dub-attan je`ee,waan isinii kenne mararraa isin gaafatee,duuba namni gaafin akk-anaa duuba jirtu, kan azaabni akkasii dura jiru ,akkamiin addunyaa tanaa gatii godhee, dagameenii aakhiraa irraanfata?

Namni qananii hedduu Rabbiin isaa kenne laalee argu, akkamiin itti kafara, namni bishaan qabbanaayaa ,hoggaa dheebote Rabbiin isaa kennee dhugu akkamiin nama isa uumee bishaan san isaa uume Rabbii guddaa irraanfata? takkaa mukkaan, takkaa namaan waaqa je`ee Rabbii isaa dhiise isa gabbara.